

Of Eeggannoo Kitaabichaaf Godhamuu Qabu

1. Kitaabni kun qabeenya keetii kunuunfadhu.
2. Kitaabicha haguugi.
3. Yeroo fayyadamtu harka qulqulleeffadhu.
4. Qolas ta'e keessa kitaabichaatti hin barreessin.
5. Fuula kitaabichaa tarsiisuun dhorkaadha.
6. Kitaabicha yeroo korojoo kee keessa keessuu fi keessaa baastu akka hin tarsiisu sirriitti eeggadhu.
7. Yoo nama biraaf ergiste of eeggannoon akka qaban akeekkachiisi.
8. Kitaaba kanatti gargaaramuu yeroo jalqabdu dugda isaa minjaala irratti dubbistu irra kaa'i; fuula muraasa banuun xiqqoodhuma hanga barreeffama fuulicha irra jiru dubbisuu dandeessutti banuun gargaarami. Fuula bante garmalee harkisuun qola isaas ta'e, fuula kitaabichaa miidhuu waan danda'uuf, akka ija keetti eeggadhu.



BARNOOTA FAYYAAFI DAGAAGINA QAAMAA

KITAABA BARATAA

KUTAA 2

Qopheessitootni:

Bantii Isaayyaas (BSc)

Taarikuu Yaadasaa (BSc)

Teessoo Taakkalaa (BSc)

Gulaaltonni:

Giree Hirkoo (BSc)

Beezaawit Geetaachoo(MSc)

Qindeessaan:

Roobii Waamii (MA)

Saxaxa: Kolleejjii Poolii Teeknikii Inxooxxoo



Biirroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee

Finfinnee, Itoophiyaa

2014

Maxxansa

© Mirgi maxxansaa guutummaan guutuutti seeraan eegamaadha.

Guutuu ykn qaama maxxansa kanaa haalaafi bifa kamiyyuu, jechuun elektirooniksiin, footokoppiifi waraabbii heyyama Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee maxxansiise malee haala birootiin dabarfamuun dhorkaadha.

Galata

Qophii Kitaaba Barnoota kana jalqaba irra kaasee bifa adda ta'een fi fakkeenyummaa qabuun akka hojjatamu muuxxanoo fi gahumsaa geggesummaa olaanaa qabaniin yaada marii burqisiisuu, yaada fooyyaa'a qophii kana milkeessu dhiyeessuun yeeroo jalqabaatiif akka Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti kitaabni barnoota barsiisotaan akka qophaa'u murteessuu, baajeta eeyyamsiisuu fi naamusa gaariidhan hogganamee akka xummuraaf gahu kan taasisan Hogganaa Biiroo Barnootaa Bulchiisa Magaalaa Finfinnee *Obbo Zalaalam Mulaatuu* galata guddatu isaaniif mala.

Hojiin keenya akka milkaa'uuf Yeeroo hundumaa hoggansa kennuu, rakkoowwan numudatan battalatti furuu, raawwii qophii kitaabaa hordofuu fi gamaaggamuun nu jajjabeessaa kan turan Itti Aanaa Hogganaa Biiroo Barnootaa fi geggeessan Sirna Barnootaa *Obbo Adimaasuu Dachaasaa*, Hogganaa I/A Biiroo *Obbo Saamson Mallasee*, Hogganaa I/A Biiroo *Obbo Daanyoo Gabruu* I/G/Waajjira Biiroo *Obbo Sisaay Indaalee*, Goristuu waliigalaa Hogganaa Biiroo *Addee Abbabach Nagaash* fi Gorsaa Teekinikaa *Obboo Dasitaa Marishaa* gahee ijoo ta'ee ba'achuun xiyyeefanno hojichaaf kennanii nu bira dhabbachuun nu jajjabeessa fi rakkoof furmaataa kenna waan turaniif galatatu isaaniif mala.

Dhuma irratti qophii kitaaba barataa fi qajeelcha barsisaa jalqabaa hamma dhumaatti deeggarsa barbaachisuu gochuun hojiin kana caalu hin jiru jechuun milkaa'ina agramme kan tumsan *Hooggantoota mana barumsaa* galata qabdu.

Baafata

Qabiyyeewwan

Seensa.....III

Fuula

BOQONNAA TOKKO.....1

SOCHIILEE DANDEETTII BU'UURAA.....1

1.1 Sochiilee Iddoo Gadhiisuun Hojjetaman.....2

1.2 Sochiilee Osoo Iddoo Hin Gadhiisiin Hojjetaman 6

1.3 Sochiilee Meeshaa Fayyadamuun Hojjetaman.....11




BOQONNAA LAMA.....20

SOCHIILEE RUKUTTAA (RYTHM).....20

2.1 Sochiilee Rukuttaa Idilee Ykn Irraa Deddeebii.....21

2.2 Sochiilee Rukuttaa Giddu-galeessaa fi Cimoo Ta'an.....23

2.3 Sochiilee Rukuttaa Ariitii.....25



BOQONNAA SADII.....30

BMIIRA FI HAWAASUMMAA BARACHUU.....30

3.1 Taphootaafi sochiilee of hubannoo dagaagsan.....31

3.2 Taphootaafi sochiilee hubannoo hawaasummaa dagaagsan.....36

3.3 Taphootaafi sochiileen hariiroo dagaagsuu.....40



BOQONNAA AFUR.....	46
GA'UMSA QAAMAA.....	46
4.1 Sochiilee Dalagaa Onnee fi Sombaa.....	47
4.2 Sochiilee Humnummaa Irreewwanii dagaagsan.....	51
4.3 Dadacha'uu.....	54
4.4 Si'aayina.....	56



BOQONNAA SHAN.....	62
QIRIPHAA (GYMNASTICS).....	62
5.1 Dandeetti qiriphaa bu'uura dalagaa salphaadhaan.....	63
5.2 Sochiilee adda addaa fi barbaachisummaa isaanii.....	68
5.3 Qiriphaalee Bu'uura.....	73



BOQONNAA JA'A.....	78
SHUBBISAA FI TAPHOOTA	
AADAA NAANNOO.....	78
6.1 Shubbisoota Aadaa Naannootti beekaman.....	79
6.2 Taphoota Aadaa Naannnnnootti dinqisiifataman.....	85



BOQONNAA

SOCHIILEE DANDEETTII

BU'UURAA

1

Xumura barnoota boqonnaa kanaan booda:

- Sochiilee iddoo gadhiisuun hojjetaman ni beekta.
- Sochiilee iddoo gadhiisuun raawwataman wal-makaa ta'e ni beekta.
- Sochiilee osoo iddoo hin gadhiisiin hojjetaman ni beekta.
- Sochiilee osoo iddoo hin gadhiisiin hojjetaman wal-makaa ni dagaagfatta.
- Meeshaalee sasalphaa fi giddu-galeessa ta'an fayyadamuun sochiilee qaamaa hojjechuun dandeettii kee ni gabbifatta.

Seensa

Sochiileen dandeettii bu'uuraa sochii dhalli namaa jireenya guyyaa guyyaa gaggeeffachuuf godhu keessatti raawwataniidha. Sochiileen kun namni beekees ta'e osoo hin beekiin kan raawwatamaniidha. Sochiileen kunneenis sochii iddoo gadhiisuun raawwatamanii fi sochiilee iddoo osoo hin gadhiisin raawwatamuu danda'aniidha

1.1 Sochiilee Iddoo Gadhiisuun Hojjetaman

Xumura barannoo kanaan booda:

- Sochiileen iddoo gadhiisuun dalagaman maal fa'a akka ta'an ni tarreessita.
- Sochiilee iddoo gadhiisuun dalagaman hojjechuun agarsiista.
- Sochiilee iddoo gadhiisuun dalagaman ni shaakalta.

Sochiilee iddoo gadhiisuun hojjetaman jechuun maal jechuudha?

Sochiilee iddoo gadhiisuun hojjetaman jechuun sochiilee iddoo tokkoo gara iddoo biraatti taasifaman jechuudha.

Sochiileen iddoo gadhiisuun raawwataman dalagaa bal'inaan namni jireenya isaa keessatti hojjetu ta'anii fedhii jireenya isaa guuttachuuf kan raawwatuudha.


Sochiilee iddoo gadhiisuun hojjetaman jechuun sochii iddoo tokkoo gara iddoo biraatti socho'uun hojjetaman jechuudha.

Sochiilee iddoo gadhiisuun raawwataman keessaa kanneen beekamoo ta'an:

- Gara duubaatti deemuu
- Cinaatti mucucaachuu
- Kuruphisuufi Funyoo utaaluu
- Gufachiisa irraan saffisaan fiiguu

1.1.1. Gara duubaatti deemuu

Garaduubaattideemuunsochiilee bakkagadi dhiisuun hojjetamuudha. Sochiin kun sochii tarkaanfii waliin kan wal fakkeenya guddaa qabu ta'ee kallattii faallaa waliin kan raawwatuudha.



Fakkii 1.1.1 Gara duubaatti deemuu

1.1.2. Cinaatti mucucaachuu

Sochiin kun fiigicha waliin kan wal fakkaatu ta'ee kan hojjetamu bakka miilli duraa ka'e miila duubaa buusuun gara cina lamaaniitti dabareedhaan walitti fufiinsaan kan hojjetamuudha.

Shaakala:

- Walirraa fageenya barbaachisuun wal duraa duubaan hiriiruu.
- Miila qixa gateettiin bargaanfachuu.
- Gara mirgaa keenyatti hojjechuun jalqabna yoo ta’e, miila bitaa ariitiin gara mirgaatti butuun miila mirgaa immoo jalaa kaa fiigamu gochuu



Fakkii 1.1.2. Cinaatti mucucaachuu

1.1.3. Kuruphisuu fi Funyoo utaaluu

Sochiin kuruphisuu fi funyoo utaaluu sochiilee wal fakkeenya guddaa qabaniidha. Utaalchi funyoo tapha dhuunfaa fi gartuun taphatamu ta’ee, funyoo ofirra naannessanii irra utaaluun kan taphatamuudha.



Fakkii 1.1.3 funyoo utaaluu

1.1.4. Gufachiisa irraan saffisaan figuu

Fiigichi akkuma sochii tarkaanfii sochii kutaalee qaamaa hundaan hojjetamu ta' ee, bakka tokkoo bakka birootti saffisaan socho'uuf bu'uura ta' eedha. Sochiin fiigichaa uumamaan kan argamu ta'us mala ittiin fiigamu qaba. Fakkeenya:- Sochiin harkaa, sochiin miillaa, sochiin qaama mudhii olii fi kan kana fakkaatan wantoota akka bu'uuraatti gosa sochii kana keessatti hubatamuu qabaniidha.

Akkasumas gufachiisa irraan saffisaan figuun sochii fiigichaa ta'ee; kanneen akka muka dalgaa ol fageenya xiqqaa walirraa fageenya garaa garaa irra kaa'uun saffisaan irraan fiiganii darbaa kan hojjetamuudha.



Fakkii 1.1.4. Gufachiisa irraan saffisaan figuu

1.2. Sochiilee osoo iddoo hin gadhiisin hojjetaman

Xumura barannoo kanaan booda:

- Sochiilee osoo iddoo hin gadhiisin hojjetaman ni tarreessita.
- Sochiilee osoo iddoo hin gadhiisin hojjetaman ni shaakalta.
- Sochiilee osoo iddoo hin gadhiisin hojjetaman adda baasuun ni himta.

sochiilee osoo iddoo hin gadhiisin hojjetaman jechuun maali?
Dalagaalee osoo iddoo hin gadhiisin hojjetaman kan jedhaman dhaabbiidhaan kutaalee qaama keenya adda addaatti gargaaramuun sochiilee bal'inaan raawwatamaniidha.

Sochiileen beekamoo ta'an:

Fakkeenya: Sochiin harkaa, sochiin miillaa, sochiin qaama mudhii olii fi kan kana fakkaatan wantoota akka bu'uuraatti


- Naannessuu
- Raafamuu
- Dabsuu
- Hollachuu
- Harkisuu
- Dhiibuu
- Muka dalgee irra madaala eeguun dhaabbachuu

1.2.1. Naannessuu

Kutaalee qaamaa naannessuun sochiileen hojjetaman sochiilee osoo iddoo hin gadhiisin hojjetaman keessaa isa tokkoodha.

Fakkeenyaaf:


- ✧ Morma keenya bitaa irraa gara mirgaatti naannessuu fi mirgaa irraa gara bitaatti naannessuu.
- ✧ Mudhii keenya mirga irraa gara bitaatti naannessuu fi bitaa irraa gara mirgaatti naannessuu.



Fakkii 1.2.1.Naannessuu

1.2.2. Raafamuu

Sochiin raafamuu sochiilee osoo iddoo hin gadhiisin hojjetaman keessaa tokko ta'ee kutaa qaama keenya adda addaa raasuun sochii hojjetamuudha.



Fakkii 1.2.2 Raafamuu

1.2.3. Dabsuu

Kutaalee qaamaa dabsuun sochiileen hojjetaman sochiilee osoo iddoo hin gadhiisin hojjetaman keessaa isa tokko ta'ee, qaama keenya gara barbaannetti dabsuuf kan nu gargaarudha.

Fakkeenyaaf :

1. Morma keenya.

- gara bitaatti dabsuu.
- gara mirgaatti dabsuu.
- gara duubaatti dabsuu.
- gara fuulduraatti dabsuu.

2. Mudhii keenya.

- gara bitaatti dabsuu.
- gara mirgaatti dabsuu.
- gara duubaatti dabsuu
- gara fuulduraatti dabsuu



Fakkii 1.2.3 Dabsuu


1.2.4. Hollachuu

Hollachuun sochiilee osoo iddoo hin gadhiisin hojjetaman keessaa tokkodha. Sochiin kun kan inni raawwatu kutaalee qaama keenya adda addaa hurgufuun yookiin hollachiisuun kan raawwatuudha. Fakkeenyaaf:

- ❖ Dhaabbachuun kutaalee qaama keenyaa olii fi gadi sochoosuu.
- ❖ Quba miilan lafa ejjechuun qaama keenya olii fi gadi sochoosuu.

1.2.5. Harkisuu


Harkisuu:-Sochii waanta tokko ofitti butuuf kan dalagamudha.



Fakkii 1.2.5. Harkisuu

1.2.6. Dhiibuu

Dhiibuun:-Dhiibuun sochii waanta tokko ofirraa achi butuuf kan hojjetamudha



Fakkii 1.2.6 Dhiibuu

1.2.7. Muka dalgee irra dhaabbachuun madaala eeguu

Muka dalgee irra dhaabbachuun madaala eeguun sochii bakka osoo hin socho' in yookii osoo iddoo hin gadhiisin hojjetamuudha. Sochiin kunis muka dalgee irra dhaabbachuun madaala qaama keenyaa miila keenyarra gochuun dhaabbachuudha



Fakkii 1.2.7 Muka dalgee irra dhaabbachuun madaala eeguu

1.3. Sochiilee Meeshaa Fayyadamuun hojjetaman

Xumura qabiyyee kanaa booda:-

- Sochiileen meeshaa fayyadamuun hojjetaman maal akka ta'an ni himta.
- Meeshaa fayyadamuun sochiilee hojjechuun ni agarsiista.
- Taphoota adda addaa keessatti meeshaalee fayyadan adda
- baaste ni tarreessita.


Sochiilee qaamaa meeshaalee sasalphaa fayyadamuun hojjetaman himuu dandeessaa?

Sochiilee qaamaa meeshaalee sasalphaa fayyadamuun hojjetaman kanneen kutaalee qaamaa adda addaan hojjetamaniidha. Sochiileen qaama meeshaalee adda addaa gargaaramuun hojjetaman kutaalee qaama keenyaa jabeessuufi dagaagsuuf gargaara. Sochiileen qaamaa meeshaa fayyadamuun hojjetamanis:-

- Kubbaa darbachuufi qabachuu
- Kubbaa lafatti rukutuufi firicciisiisuu
- Kubbaa xiyyeeffannoon konkolaachisuufi darbachuu
- Kubbaa firicciisiisuufi dabarsuu
- Kubbaa Dhiituufi Rukutuu
- Muka dalgeetti rarra'uufi raafamuu

1.3.1. Kubbaa darbachuu fi qabachuu

kubbaa darbachuu fi qabachuun sochiilee iddoo gadhiisuun fi osoo iddoo hin gadhiisin walmakaan hojjetaman keessaa isaan tokkodha. kubbaa darbachuu fi qabachuun nama lamaa fi isaa oliin walitti deddeebisuudhaan kan raawwatamuudha.



Fakkii 1.3.1 kubbaa qabachuu fi darbachuu

1.3.2. Kubbaa lafatti rukutuu fi firicciisiisuu:

Kubbaa lafatti rukutuun fi firicciisiisuun sochiilee wal fakkaatan ta'ee irra deddeebii isaaniin garaagarummaa kan qabaniidha. Kana jechuun kubbaa lafatti rukutuun kubbaa si'a tokko lafatti rukutuun kan raawwannu yoo ta'u, kubbaa firicciisiisuun immoo kubbaa irra deddeebiin lafatti rukutuun kan raawwatamuudha.



Fakkii 1.3.2 Kubbaa lafatti rukutuu fi firicciisiisuu

1.3.3. Kubbaa xiyyeeffannoon konkolaachisuufi darbachu

Kubbaa konkolaachisuun sochii qaama mudhii olii fi gadiin rawwatamuudha. Innis kubbaa fayyadamuun kubbicha lafarra akka konkolaatu gochuudha. Sochii kanas dhuunfaadhaanis ta'e gareedhaan taphachuu ni dandeenya. Akkasumas kubbaa darbachuun sochii kubbaa fayyadamuun raawwatamu ta'ee kubbaa harkaan kallatti barbaadame tokkotti qilleensa irra darbachuudha.



Kubbaa konkolaachisuu



Kubbaa darbachuu

Fakkii 1.3.3. Kubbaa xiyyeeffannoon konkolaachisuu fi darbachuu

1.3.4. Kubbaa firicciisiisuu fi dabarsuu


Taphoota kubbaa keessatti kubbaa firiccisiisuu fi dabarsuun walitti dhufeenya cimaa kan qabaniidha. Innis kubbaa erga firiccisiifnee dabarsuu kan dandeenyuu fi hanga garee keenya argannutti firiccisiisuun taphachuudha.



Fakkii 1.3.4. Kubbaa firicciisiisuu fi dabarsu

1.3.5. Kubbaa Dhiituu fi Rukutuu

Kubbaa dhiituu baayinaan kan fayyadamnu tapha kubbaa miillaa keessatti. Tapha kubbaa miillaa keessatti kubbaa kutaalee miila keenya adda addaan dhiituu ni dandeenya. Fakkeenyaaf: keessa miillaa, fuuldura miilla keenyaan dhiituu fi to'achuu kan dandeenyu fi kanneen biroonis ni jiru. Kubbaa rukutuu immoo yeroo baayee kan fayyadamnu kubbaa saaphanaa keessatti. Innis kubbaa harka keenya bitaan xiqqoo ol darbachuun harka keenya mirgaan immoo rukutuun kan raawwachuu dandeenyuudha.



Kubbaa rukutuu



Kubbaa dhiituu

Fakkii 1.3.5. Kubbaa Dhiituufi Rukutuu

1.3.6. Muka dalgeetti rarra'uu fi raafamuu

Muka dalgeetti rarra'uufi raafamuun sochiilee meeshaa muka dalgeetti fayyadamuun hojjetamaniidha. Muka dalgeetti rarra'uun muka dalgee ol utaallee qabachuun daqiiqaa murtaa'eef qabannee turuun kan raawwatamu yoo ta'u, Muka dalgee irratti raafamuun immoo muka dalgee ol utaaluun erga harka keenyaan sirritti qabannee booda qaama keenyaan asii fi achi raafamuun kan hojjennuudha.



Fakkii 1.3.6. Muka dalgeetti rarra'uu fi raafamuu

Sochiilee iddoo gadhiisuun wal-makaan hojjetaman jechuun maali? Sochiilee iddoo gadhiisuun dalagaman lamaa fi isaa ol ta'an yeroo tokkotti walitti fiduun kan hojjetaman jechuudha. Sochiin kun jireenya dhala namaa guyyaa guyyaa keessatti kan mul'atuudha. Akka fakkeenyaatti namni tokko waan barbaadu bira ga'uuf fiiguu fi gufuu dura isaa jiru irra utaalaa darbuun sochii dalagamuu danda'uudha.


Sochiilee iddoo gadhiisuun wal-makaan dalagaman jechuun sochiilee lamaafi isaa ol ta'an yeroo tokkotti walitti fiduun kan hojjetamu jechuudha.

1.3.7. Fiigaa Utaaluu

Sochiilee iddoo gadhiisuun raawwataman ta'ee dalagaa wal-makaa fiigichaa fi utaalcha waliin wal-makuun dalagamaniidha.

Shaakala:

- Akkaataa sochii:
- Barattoonni dhiiraa fi dhalaan tarree lama lamaan walirraa hiiqanii hiriiruu.
- Kutaa qaama mudhii oliitiin ol jechuu.
- Barattoonni fuuldura jiran sochii wal-makaa ta'een fiigaa utaala gara fuulduraatti deemuun shaakaluu.



Fakkii: 1.3.7: Nama fiigaa utaalu

1.3.7. Kuruphisaa Fiiguu:

Sochiilee iddoo gadhiisuun hojjetaman ta'ee dalagaa walmakaa kuruphisuu fi fiigichaa walitti makuun yookiin walfaana hojjechuun kan raawwatamaniidha.

Shaakala:

1. Quba miillaatiin kuruphisaa fageenya murtaa'e tarkaanfachuu shaakaluu.
2. Kuruphisuun fageenya murtaa'e fiiguun shaakaluu.
3. Bakka dhaabbatanii kuruphisuun miilla lamaan wal-bira lafaa fuudhanii al-tokko lafa dhaabbachuun shaakaluu.
4. Ofirra taa'uun shaakaluu. Harkaan jilba qabatanii taa'uun xullub xullub jechuun shaakaluu.
5. Tarreen dhaabbachuun harkaan mudhii qabatanii ol utaaluun shaakaluu.

Guduunfaa Boqonnaa Tokkoo

Sochiileen dandeettii bu'uuraa sochii dhalli namaa jireenya guyyaa guyyaa geggeeffachuuf godhu keessatti raawwataniidha. Sochiileen kunneenis sochii iddoo gadhiisuun raawwatamanii fi sochiilee iddoo osoo hin gadhiisin raawwatamuu danda'aniidha. Sochiilee iddoo gadhiisuun walmakaan hojjetaman jechuun sochiilee iddoo gadhiisuun dalagaman lamaa fi isaa ol ta'an yeroo tokkotti walitti fiduun kan hojjetaman jechuudha. Dalagaalee osoo iddoo hin gadhiisin hojjetaman kan jedhaman dhaabbiiidhaan kutaalee qaama keenyaa adda addaatti gargaaramuun sochiilee bal'inaan raawwatamaniidha. Sochiilee qaamaa meeshaalee sasalphaa fayyadamuun hojjetaman kanneen kutaalee qaama keenyaan hojjetamaniidha.

Gaaffilee Boqonnaa Tokkoo

I. Gaaffilee armaan gadii hima yaada sirrii ta'e Dhugaa kan dogoggora ta'e immoo Soba jechuun deebisi.

1. Fiigichi sochiilee osoo iddoo hin gadhiisin hojjetamaniidha.
2. Fiigaa utaaluun sochii wal-makaadha.
3. Taa'umsa irra ba'uu fi bu'uun sochiilee mudhii gadiin hojjetamaniidha.

II. Himoota armaan gadii roga 'A' jiran kanneen 'B' jiran wajjin walitti firoomsi.

A

B

- | | |
|-------------------------|---|
| 1. Dabsuu | A. Sochiilee osoo iddoo hin gadhiisiin |
| 2. Gara duubaatti deemu | B. Sochii meeshaa fayyadamuun hojjetamu |
| 3. Kubbaa dhiituu | C. Sochii iddoo gadhiisuun hojjetamu |

BOQONNAA

SOCHIILEE RUKUTTA



Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda:

- Sochii muuziqaa waliin kutaa qaamaa wal barsiisuun sochii rukuttaa ni dagaagfatta.
- Sochiilee rukuttaa sasalphaa fi cimaa garaagarummaa isaa ni beekta.
- Sochiilee rukuttaa muuziqaa wajjin hojjetamu ni dagaagfatta.
- Sochiilee rukuttaa cimaa ta'e rukuttaa muuziqaan qindaa'e gareen hojjetamu ni dinqisiifatta.

Seensa

Rukuttaa jechuun turtii yeroo sochii waan tokko ittiin raawwatamuudha. Haala kanaan turtiin yeroo suutaan ariitiin, giddu-galeessaa fi ariitiin kan wal caalan yoo ta'u: isaanis seera saayinsii muuziqaatiin deggeramuun kan hojjetamaniidha. Gosootni rukuttaa sochii adda addaatiin ibsamuu ni danda'a.

Kunis: - Rukuttaa meeshaa hordofuun hiriiru

- Rukuttaa tarkaanfii

- Rukuttaa fiigichaa

2.1. Sochiilee Rukuttaa Idilee Ykn Irra Deddeebii

Xumura barannoo kanaan booda:

- Rukuttaa meeshaa hordofuun hiriiruu ni dandeessa.
- Tarkaanfii rukutta muuziqaa salphaa wajjin ni hojjetta.
- Sochiilee rukutta sasalphaa ni himta.

Sochiilee rukutta idilee kanneen jedhaman sochiilee jiruu fi jireenya guyyaa guyyaatti gaggeessinu keessatti raawwatamaa oolaniidha. Sochiileen kunneenis rukutta suutaan raawwatamaniidha.

Fkn: - Hiriiruu

- Tarkaanfachuu


2.1.1. Rukutta Meeshaa Hordofuun Hiriiruu

Sagalee meeshaalee muuziqaa rukutta adda addaa rukutamu hordofuun sochii hojjetamuudha.

Shaakala

- a. Barattoonni dhiiraa fi dubaratti qoodamuun harka isaanii walitti rukutta adeemsa rukutta ariitiin sarara adda addaa uumuun hiriiruu.
- b. Barattoonni dhiiraa fi dubaratti qoodamuun dibbee giddu galeessaan fi ariitiin rukutuun rukutta dibbee eeganii tarree tokko tokkoon hiriiruu.

- c. Barattoonni dhiiraa fi dubaratti qoodamuun marsaa lama uumanii dhaabbachuun gidduu isaanii namni dibbee rukutu taa'uu
- d. Barattoonni marsanii dhaabbatan rukuttaa dibbee hordofuun socho'uun iddoo jijjiiruun deebi'anii sarara geengoo biroo uumuun hiriiruu.



Fakkii:2.1.1 Rukuttaa Hordofuun Hiriiruu

2.1.2. Rukuttaa Waliin Suuta Tarkaanfachuu

Rukuttaan tarkaanfii suutaa sochii dhaabbiitii fi iddoo gadhiisuun rukuttaa hordofuun irra deddeebiin saffisa salphaan hojjetamuudha.

Shaakala

- Barattoonni dhiiraa fi dubaratti qoodamuun bakka dhaabbatanitti turtii rukuttaa eeguun miilla dabareedhaan ol kaasuu fi deebisuun suuta hojjechuu.
- Barattoonni dhiiraa fi dubaratti qoodamuun tarkaanfiin fuulduraa fi duubatti akkasumas bitaa fi mirgatti sochii rukuttaa dibbee ykn kabalaa hordofuun sochii hojjetamu suuta raawwachuu.

2.2 Sochiilee Rukuttaa Giddu-galeesaa

Xumura barannoo kanaan booda:

- Rukuttaa giddu-galeessaa waliin tarkaanfachuu ni dandeessa.
- Sochiilee rukuttaa giddu-galeessaa ta'an ni tarreessita.
- Rukuttaa giddu-galeessaa waliin sochii suksukaa ni taasista.

2.2.1 Rukuttaa Giddu-galeessaa Waliin Tarkaanfachuu


Rukuttaan giddu-galeessaa rukuttaa idilee ykn suutaa irra fooyya'aa kan ta'eedha. Fakkeenyaaf rukuttaa giddu-galeessaa waliin sochiilee kanneen akka tarkaanfii, suksukuu fi k.k.f. hojjechuun ni danda'ama.

Shaakala

A. Barattoonni dhiiraa fi dubaratti qoodamuun bakka dhaabbatanitti turtii rukuttaa meeshaa eeguun miilla dabareedhaan ol kaasuu fi deebisuun saffisa giddu-galeessaan hojjechuu.

B. Barattoonni dhiiraa fi dubaratti qoodamuun rukuttaa hordofuun tarkaanfiin fuulduraa fi duubatti sochii hojjetamu rukuttaa giddu-galeessaan raawwachuu.

C. Barattoonni dhiiraa fi dubaratti qoodamuun rukuttaa hordofuun bitaa fi mirgatti sochii hojjetamu saffisa giddu-galeessaan raawwachuu.



Fakkii: 2.2.1. Rukuttaa hordofuun ariitiin tarkaanfachuu

2.2.2 Rukuttaa Giddu-galeessaa Waliin Suksukuu

Adeemsi rukuttaa suksukaa giddu-galeessaan kan raawwatamudha.

Shaakala

- Barattoonni dhiiraa fi dubaratti qoodamuun bakka dhaabbatanitti rukuttaa meeshaa hordofuun suutaan miilla wal duraa booda kaasuun suksukuu.
- Barattoonni dhiiraa fi dubaratti qoodamuun bakka dhaabbatanitti rukuttaa meeshaa muuziqaa hordofuun saffisa giddu-galeessaan miilla wal duraa booda kaasuun figuu.

- Barattoonni dhiiraa fi dubaratti qoodamuun rukutta meeshaa muuziqaa waliin saffisa giddu-gleessaa hojjechuu.



Fakkii 2.2.1. Rukutta Giddu-galeessaa Waliin Suksukuu

2.3. Sochiilee Rukutta Ariitii (Ol Guddate)

Xumura barannoo kanaa booda:-

- Sagalee muuziqaa hordofuun sochiilee rukutta ariitii hojjetaman ni himta.
- Sochiilee rukutta gidduu galeessaa fi ciccimoo adda ni baasta.
- Sochiilee adda addaa muuziqaa wajjin qindeessuun ni taphatta

Sochiilee rukutta ariitii yookiin ol guddate kan jennu sadarkaan rukutta sanaa yoo ariitii qabaatedha. kunis namoonni sochii muuziqaa fi rukutta walitti qindeessuun dandeettii fi muuxannoo

isaanii kan ittiin mul'isaniidha. Kanaafuu rukutta fi muuziqaa waliin qindeessuun sochiilee bakka gadhiisuun hojjetaman kanneen akka: fiigichaa, utaalchaa, kuruphisuu fi k.k.f hojjechuun ni danda'ama.

A. Akkaataa Rukuttaan fiigichaa shaakalan

Akkaataa shaakalaa

- Barattoonni dhiiraa fi dubaratti qoodamuun bakkadhaabbatanitti rukutta meeshaa hordofuun ariitiin miilla wal duraa booda kaasuun fiiguu.
- Barattoonni dhiiraa fi dubaratti qoodamuun bakkadhaabbatanitti rukutta meeshaa muuziqaa hordofuun ariitiin miilla wal duraa booda kaasuun fiiguu.
- Barattoonni dhiiraa fi dubaratti qoodamuun rukutta meeshaa muuziqaa waliin ariitiin hojjechuu.



Fakkii 2.3 A. Rukuttaan fiigichaa

B. Rukuttaan kuruphisuu shaakaluu

Kuruphisuun sochii rukutta wajjin hojjechuun kan namatti tolu ta'ee, sochii qaama keenyaaf faayidaa hedduu kennuudha.

Tarbiiba shaakalaa

1. Toora lamaan yookiin isaa oliin hiriiruun qaama ho'ifachuu.
2. Kuruphisaa harka bitaa ol kaasuun karaa boodaan miilla mirgaa harka mirgaan tuquun deebi'uu.
3. Kuruphisaa harka mirgaa ol kaasuun karaa boodaan miilla bitaa harka bitaan tuquun deebi'uu.
4. Kuruphisaa harka bitaa ol kaasuun karaa boodaan miilla mirgaa harka mirgaan xiqqoo qabuun gadhiisuun walitti fufinsaan sochiilee sadan irra deddeebiin shaakaluu.



Fakkii 2.3B. kuruphisuu

Guduunfaa Boqonnaa Lamaa

- Rukuttaa jechuun turtii yeroo sochii waan tokko ittiin raawwatamuudha. Haala kanaan turteen yeroo suutaan, giddu-galeessaa fi ariitiin kan wal caalan yoo ta'u: isaanis seera saayinsii muuziqaatiin deggeramuun kan hojjetamuudha.
- Gosootni rukutta sochii adda addaatiin ibsamuu ni danda'a.
Kunis:
 - Meeshaa rukutta hordofuun hiriiruu
 - Rukutta tarkaanfii
 - Rukutta fiigichaa
- Sochiilee rukutta idilee garaagaraa:
 - Meeshaa muuziqaa hordofuun hiriiruu.
 - Rukutta waliin suuta tarkaanfachuu.
- Sochiilee Rukutta Giddu-galeessaa ta'an:
 - Rukutta giddu-galeessaa waliin suksukuu.
- Sochiilee rukutta ariitii ykn ol guddate
 - rukutta ariitiin fiiguu
 - rukutta ariitiin kuruphisuu

Gaaffilee Boqonnaa Lamaa

I. Gaaffilee armaan gadii hima yaada sirrii ta'e Dhugaa kan dogoggora ta'e immoo Soba jechuun deebisi.

1. Rukutaa jechuun turtee yeroo sochii waan tokko ittiin raawwatamuudha.
2. Meeshaa muuziqaa hordofuun hiriiruun rukutaa sochii idilee jalatti ramadama.
3. Sochiilee rukutaa giddu-galeessaa ta'an keessaa tokko rukutaa waliin suuta tarkaanfachuudha.
4. Adeemsi rukutaa fiigichaa ariitiin kan hojjetamuudha.

II. Gaaffilee armaan gadii qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi.

1. Yeroon turtee sochii waan tokkoo ittiin raawwatamu maal jedhama?
A. Fiigicha
B. Rukutaa
C. Tarkaanfii
2. Rukutaa waliin sochii akkami hojjechuu dandeenya?
A. Fiigicha
B. Tarkaanfii
C. Hiriiruu
D. Hunduu deebiidha.

BOQONNAA

MIIRAFI HAWAASUMMAA

BARACHUU



Xumura barnoota boqonnaa kanaan booda:

- Taphootaa fi sochiilee of hubannoo dagaagsan ni hubatta.
- Xiyyeeffannoo fi gaarummaa nama biraaf ni qabaatta.
- Sochiilee qaamaa dandeettii of hubannoo hawaasummaa dagaagsan ni beekta.
- Sochii hojjechuu keessatti kabaja nama biroof kennuu ni gabbifatta.
- Aadaa hawaasummaa ni horatta.

Seensa

Boqonnaan kun kan irratti xiyyeeffatu waa'ee miira fi hawaasummaa barachuu Barnoota Fayyaa fi Dagaagina Qaamaa keessatti yoo ta'u, barattoonni haala naannoo isaanii jiru hubachuun walitti dhufeenyaa fi jireenya hawaasummaa gaarii qabu horachuun akka jiraatan taasisuuf yaadameeti. Daa'imman gandaa fi naannoo isaanii keessatti walitti dhufeenya uumuun taphootaa fi sochiilee adda addaa keessatti qooda ni fudhatu.

Dalagaalee daa'imman hojjechuu jaallatan keessaa beekamoon kanneen akka fiiguu, utaaluu, dhiituu, okkoluu fi kan kana fakkaatan bal'inaan daa'imman kan hojjetaniidha. Yeroo gara mana barumsaa dhufanis sochiilee kana Barnoota Fayyaa fi Dagaagina Qaamaa keessatti dalaguuf fedha olaanaa ta'e agarsiisu. Barnoota kana barachuufis kaka'umsa gaarii ta'e qabaatu. Dabalataanis barattoonni taphoota garee adda addaa keessatti hirmaachuun walitti dhufeenyaan miira wal-jaallachuu fi waan gaarii waliif yaaduu ni guddifatu. Akkasumas miira isaanii to'achuun naamusa gaarii qabaachuun hiriyoota waliin taphachuu baru.

Hawaasummaa: walitti dhufeenya namoonni dhimmoota adda addaaf taasisaniidha.

Miira: taateewwan nu mudataniifwanta nutti dhaga'amuudha. Kana jechuun miira gammachuu, sodaa, aarii, gaddaa, dhiphinaa fa'aa ta'uu danda'a.

3.1 Taphootaafi Sochiilee Of Hubannoo Dagaagsan

Xumura barannoo kanaan booda:

- Of hubannoon maal akka ta'e ni ibsita.
- Sochiilee qaamaa of hubannoo dagaagsan ni ibsita.
- Sochiilee qaamaa of hubannoo dagaagsan ni hojjetta.
- Taphoota of hubannoo dagaagsan ni shaakalta.

Sochiilee qaamaa dandeettii of hubannoo dagaagsan hojjechuun faayidaa maalii qaba?

Sochii qaamaa keessatti hirmaachuun dandeettii of hubannoo keenyaa dagaagsuuf gargaara. Of hubachuu jechuun sochii qaamaa keessatti dandeettii miira, yaadaa fi gocha ofii sirreessuu danda'uu jechuudha. Kunis dalagaalee sochii qaamaa guyyaadhaa gara guyyaatti taasisnu keessatti ta'uu danda'a. Rakkoolee yeroo sochii qaamaa hojjennus ta'e, yeroo biraa nu mudatan tasgabboofnee furuun barbaachisaadha.

Taphoota adda addaa keessatti dhuunfaa fi gareen hirmaachuun dandeettii of hubannoo fooyyessuuf taphoota gargaaran keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

A. Tapha waldhaansoo

B. Sochii utaalchaa

A. Waldhaansoo

Taphni wal'aansoo nama lama gidduutti kan taphatamu ta'ee, dhaabbiitti harka wal-jala qaxxaamursuun wal-qabuun wal-kuffisuuf kan yaalamuudha.


Barataan/ttuun kuffise/ste mo'ataa/ ttuu kan ta'uu/taatuudha. tapha kana keessatti of hubannoo dagaagsun kan danda'amudha. Fkn;- tapha kana keessatti hanga humna ofii beekuun nama walmadaalan waliin taphachuun of hubannoof gargaara.



Fakkii 3.1A. Tapha waldhaansoo

B. Sochii utaalchaa.

Utaalchi waan tokko utaalaniirraandarbuu fi waan ol fagoota'e tokko bira qaqqabuuf sochii nuti guyyaan guyyaan itti fayyadamnudha. Sochii utaalchaa keessatti of hubannoon barbaachisaadha. Kana jechuunis sochii utaalchaa keessatti hanga dandeettii ofii beekuun balaa addaa addaaf akka hin saaxilamneef kan nu gargaaranidha. Kanaaf sochii utaalchaa keessatti of hubannoo dagaagsuun ni danda'ama jechuudha.



Fakkii3.1B. Sochii utaalchaa.

C. Afuuffee Salphaa Qilleensa Keessatti Ittisuu

Taphni kun afuuffee qilleensa keessa ol darbachuun barattoonni osoo harkaan hin tuqin hafuuraan afuufuun qilleensa keessa akka tursiisan gochuun kan dalagamuudha.

Shaakala

1. Barattoonni daree dubaraa fi dhiiratti lama lamaan qoodamuu.
2. Qofa qofaatti afuuffee qilleensa keessatti ol ittisuu.
3. Afuuffee qilleensa irra jirtu sana yeroo muraasaaf qilleensa irra tursiisuun barataan/ttuun dursee/sitee buuse/te mo'amaa/ tuu ta'a/taati; barataan/ttuun osoo hin buusin ture/te mo'ataa/ ttuu ta'a/taati.
4. Irra deddeebiin hanga barattoota hunda wal gahutti shaakaluu




Fakkii 3.1.B: Afuuffee salphaa qilleensa keessatti ittisuu

3.1.1. Jabina Ofii Beekuu.

Sochiilee fi taphoota adda addaa keessatti hirmaachuun cimina ofii beekuun ni danda'ama. Innis maal irratti cimina akka qabnu hiriyoota waliin yeroo hojjennu beekuu dandeenya. Fakkeenyaaf sochiilee fi taphoota akka; wantoota xixiqqaa irra miila walqabsiisuun utaaluu, fiigichaa, taphoota kubbaa, darbannaa fi k.k.f dha.

A. Wantoota xixiqqaa irra miila walqabsiisuun utaaluu.

Taphni kun waldorgommii kan of keessaa qabu ta'ee; nama lama lamaan kan dorgomamudha. Innis wantoota xixiqqaa ta'an wal cina sarara qajeelaan kaa'uun miila lamaan walqabsiisuun fuulduratti utaala deemuun kan dorgomamudha.



Fakkii 3.1.1A; Wantoota xixiqqaa irra miila walqabsiisuun utaaluu.

B. Fiigicha

Sochiin fiigichaa namoonni lamaa fi isaa ol ta'an waldorgomuun cimina isaanii beekuuf kan nu gargaarudha.



Fakkii 3.1.1B; Fiigicha

3.1.2. Hamilee Ofitti Horuu.

Hamilee ofitti horuu jechuun sochii ykn taphoota taphatamu keessatti ciminaa fi dadhabina keenya beekuun dadhabina keenyaan abdii osoo hin kutatiin cimina keenya irratti xiyyeeffachuun dalaguu ykn taphachuudha. Fakkeenyaaf wal-dorgommii adda addaa keessatti mo'amuu caalaa mo'uurratti xiyyeeffachuun tapha itti fufuun barbaachisaadha.

3.2 Taphootaafi Sochiileen Hubannoo Hawaasummaa Dagaagsuu.

Xumura barannoo kanaan booda:

- Taphootaa fi sochiilee hubannoo hawaasummaa dagaagsan ni tarreessita.
- Taphootaa fi sochiilee hubannoo hawaasummaa dagaagsan ni shaakalta.
- Taphootaa fi sochiilee hubannoo hawaasummaa dagaagsan ni hojjetta.

Hubannoo hawaasummaa jechuun dandeettii miira nama biro hubachuun waliin jiraachuu jechuudha. Sochiileen qaamaa guyyaa irraa gara guyyaatti jireenya keenya keessatti taasifnu hedduun isaanii walitti dhufeenya hawaasummaa dagaagsuu keessatti qooda guddaa qabaatu. Hawaasummaan walitti dhufeenya namoonni adda addaa dhimmoota adda addaaf taasisaniidha. Kunis caalaatti miirri jaalalaa, walii wajjin hojjechuu, wal gargaaruu fi kan kana fakkaatan akka jiraatuuf gargaara.

Taphoota Gareen Taphataman:

Sochiin taphoota kanaas gareen kan taphatamu ta'ee, baay'inni taphattoota achi keessatti hirmaatanii yoo xiqqaate lamaa fi sanaa ol ta'uu qaba. Taphoonni gareen taphataman kunneenis:

A. Taphoota kubbaa

B. Wal-dhokachoo

A. Taphoota Kubbaa

Taphoonni kubbaa karaalee adda addaan dhuunfaafi gareen taphatamuu kan danda'aniidha. Taphoonni kubbaa hedduun haa jiraatan malee isaan keessaa kan yeroo ammaa barattan tapha kubbaa miillaafi tapha kubbaa harkaa irratti kan xiyyeeffatuudha.

Shaakala

Barattoonni daree dhiiraa fi dubaratti qoodamuun garee baay'inni isaa wal-qixa ta'e iddoo wal-qixatti qoodamuun kubbaa walii kennaa yoo taphatan gareen kubbaa yeroo dheeraaf of harka tursaniifi galii (goolii) galchan kan mo'atan ta'u.



Fakkii 3.2:A. Tapha kubbaa miillaa

B. Wal-dhokachoo

Taphni waldhaansoo tapha gareen taphatamuu ta'ee; tapha hawaasummaa barattoota gidduutti dagaagsuuf gargaarudha.

Shaakala

Barattoonni daree dhiiraa fi dubaratti qoodamuun garee isaanii keessatti barataan/ttuun tokko yemmuu dunuunfatu/ttu barattoonni hedduun immoo dhokachuudhaan sagalee bari'eera jedhu dhageessisu. Kana booda barataan/ttuun dunuunfate/tte ka'uun barattoota dhokatan barbaaduu eegalu.

Barattoota dhokatan dhaqqabee/dee yoo tuqe/xe mo'ataa/ttuu ta'a/taati.



Fakkii 3.2:B. Wal-dhokachoo

3.2.1. Garaagarummaa Dinqisiifachuu.

TDhalli namaa uumama isaa keessatti garaagarummaa ni qaba.

Fkn; - garaagarummaa yaadaa

- Garaagarummaa dandeettii taphootaa fi sochiilee
- Garaagarummaa fedhii
- Garaagarummaa amantaa, biffaa fi k.k.f dha.

Garaagarummaa dhuunfaa taphootaa fi sochiilee keessatti.

Taphootaa fi sochiilee adda addaa keessatti namni hundinuu dandeetti fi fedhii wal-fakkaataa hin qabu.

Fakkeenyaaf namni tokko tokko dandeettii kubbaa miila taphachuu yoo qabaate; kan biroon immoo dandeettii taphoota biro qaba. Kanaafuu namni akka dandeettii isaatti dinqiisifachuu fi simachuun barbaachisaadha.

3.2.2. Namoota Biroo Kabajuu.

Kabaja namoota biroof kennuun hawaasummaa keessatti isa guddaa fi olaanaadha. Ofii keenya kabajuuf namootaf kabaja kennuun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf barsiisaa kabajuu, maatii ofii kabajuu, Hiriyyoota ofii kabajuu fi kanneen biro kabajuudha.

3.3 Taphootaafi Sochiileen Hariiroo Dagaagsuu

Xumura barannoo kanaan booda:

- Taphootaafi sochiileen hariiroo dagaagsan ni himta.
- Taphootaafi sochiileen hariiroo dagaagsan ni tarreessita.
- Taphootaafi sochiileen hariiroo dagaagsan ni hojjetta.

Taphoonni fi sochiileen qaamaa dandeettii walitti dhufeenya dagaagsuu keessatti gahee ni qabu. Sochiilee kanas bifa tapha adda addaan raawwachuu kan dandeenyuudha fakkeenyaaf, taphootaa fi sochiilee kanneen akka:- tapha ibsaa tiraafikaa, tapha geengoo tapha kubbaa, fi kannneen biroonis ni jiru.

A. Tapha Ibsaa Tiraafikaa:

Taphni ibsaa tiraafikaa tapha gosoota halluu kanneen akka diimaa, keelloo fi magariisaa gargaaramuun taphatamuudha.

Barattoota dhiiraa fi dubaratti qooduun hiriira sarara qajeelaan yookiin geengoon suksukuu. Gosoota halluu keessaa diimaan yeroo waamamu bakka jiranitti dhaabbachuu, yeroo keelloon waamamu ofirra gadi taa'uu fi yeroo magariisni waamamu deemuun taphichi taphatama.




Fakkii 3.3A. Tapha Ibsaa Tiraafikaa:

B. Tapha Geengoo

Taphni kun bal'inaan biyya keenya keessatti kan beekamu ta'ee dandeettii wantoota darbachuu fi xiyyeeffannaan bakka barbaadan buusuu yookiin rukutuu kan dagaagsuudha.

Shaakala

1. Barattoonni daree dubaraa fi dhiiraan garee lamatti qoodamuu. Itti aansuun garee nama shan shan qabu qopheessuu.
2. Garee tokkoof carraa yeroo shan darbachuun korboo keessa baasuun dhaabuutu kennamaaf gareen carraa kennameef keessaa baay'ee dhaabe mo'ataa ta'a.



Fakkii 3.3.B: Tapha geengoo

C. Tapha kubbaa Sarara Ceesisuu.

Taphni kubbaa sarara ceesisuu dhuunfaafi gareen taphatamuu danda'a. Innis kubbaa gidduu barattoota wal dorgomanii fageenya wal-qixa ta'e irratti sarara irra kaa'uun kubbaa biroon rukutuun sarara irraa gara garee morkataatti dabarsuun kan taphatamuudha.

Shaakala

1. Barattoonni dhiiraa fi dubaratti qoodamuun qofa qofaatti wal dorgommiif qophaa'uu.
2. Barattoonni wal dorgoman kubbaa sadi sadii qabatanii akka walitti garagalanii dhaabachuu.
3. Kubbaa qabatanii jiraniin kubbaa sarara gubbaa jirtu rukutuun sarara irraa gara garee morkataa isaaniitti dabarsuu yaaluu, barataan/ttuun dursee/sitee sarara irraa ceesise/ste mo'ataa/ttuu ta'a/taati.



Fakkii;3.3B: Tapha kubbaa Sarara Ceesisuu.

3.3.1. Namoota birootti hamilee horuu

Hamilee horachuun nama kamiifiyyuu barbaachisaadha. Akkuma hamilee ofitti horuu namoota birootti hamilee horuunis, namoonni akka dadhabina isaanii yaaduun abdii hin kutanneef humna ta'uufiin abdii itti horuudha.

Fakkeenyaaf:- Taphootaafi sochiilee adda addaa keessatti namoota hamileessuun akka namni sun cimina isaa beekuuf gargaara. Kanaaf taphootaa fi sochiilee adda addaa irratti namoota tapha yookiin sochii sana irratti hirmaataniif hamilee kennuun barbaachisaadha.

3.3.2. Aadaa Hawaasummaa

Aadaan hawaasummaa adeemsa waliin jiraachuu keessatti aadaa hawaasni waliin qabuu fi haala waliin jireenya hawaasaa kan agarsiisuudha. Fakkeenyaaf:- Waliin taphoota adda addaa taphachuu keessatti seerota irratti walii galan ni jira. Haa ta'u malee seerota kana eeguun hawaasummaa garee sanaa keessatti murteessaa waan ta'eef eeguun dirqama. Kanaafuu taphootaafi sochiilee adda addaa keessatti aadaa hawaasummaa dagaagsuu ni dandeenya jechuudha.

Guduunfaa Boqonnaa Sadii

Sochii qaamaa keessatti qooda fudhachuu fi hirmaachuun dandeettii of hubannoo keenyaa dagaagsuu keessatti qooda guddaa qaba. Kunis dalagaalee sochii qaamaa guyyaa gara guyyaatti taasisnu keessatti ta'uu danda'a. Sochii qaamaa keessatti yeroo qooda fudhannu dhuunfaanis ta'e gareen rakkooleen garaagaraa nu mudachuu danda'u.

Rakkoolee kana hunda miira aariitiin furuuf yaaluu osoo hin ta'in dursa madda rakkoo sanaa adda baasuun tasgabboofnee of to'achuun hiikuu danda'uutu nurraa eegama.

Of to'annee rakkoo uumame furuu yoo hin dandeenye dabalataan rakkoo biraa uumuu waan danda'uuf kana hubannee of to'achuun ofiifis ta'e nama biraaf miira tasgabbii qabu horachuun barbaachisaadha.

Gaaffilee Boqonnaa Sadii

I. Gaaffilee armaan gadii hima yaada sirrii ta'e dhugaa kan dogoggora ta'e immoo soba jechuun deebisi.

1. Sochii qaamaa keessatti dhuunfaanis ta'e gareen qooda fudhachuun ni danda'ama.
2. Taphni waldhaansoo nama lama gidduutti kan taphatamuudha.
3. Sochiin fiigichaa dhuunfaanis ta'ee gareen kan dalagamuudha.

II. Gaaffilee armaan gadiif qubee deebii sirrii qabate filadhu.

1. Gareedhaan sochii qaamaa hojjechuun faayidaa akkamii qaba?
 - A. Miira jaalalaa dagaagsa,
 - B. Hawaasummaa cimsuuf gargaara.
 - C. Wal gargaaruuf.
 - D. Hunduu deebiidha.
2. Kanneen armaan gadii keessaa sochii isa kamtu gareen taphatamuu danda'a?

A. Tapha kubbaa	C. Waldhaansoo
B. Wal dhokachoo	D. Hunduu deebiidha